# Dubartiin hayyama waliyyii ishee malee heerumte kamiyyuu, gaa’elli ishee seera qabeessa miti -yeroo Sadii- yoo ishee waliin qunnamtii saalaa raawwate, sababa saniif mahriin isheef dirqama taha, yoo wal dhabdee keessa seenan sulxaanni waliyyii nama waliyyii hin qabneeti

Aa'ishaa Haadha Mu’mintootaa irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jette: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Dubartiin hayyama waliyyii ishee malee heerumte kamiyyuu, gaa’elli ishee seera qabeessa miti -yeroo Sadii- yoo ishee waliin qunnamtii saalaa raawwate, sababa saniif mahriin isheef dirqama taha, yoo wal dhabdee keessa seenan sulxaanni waliyyii nama waliyyii hin qabneeti».

[sirrii] [abuu daawud, tirmizii, ibnumaajah fii ahmad odeessan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dubartiin tokko hayyama waliyyii (eegdota) ishee malee akka of hin heerumsiifne, akkasumas heerumni ishee seera qabeessa akka hin taane akeekkachiisanii, akka waan inni hin taaneetti yeroo sadii irra deebi’anii akkas jedhan. Eeeyama waliyyii isheetin malee inni ishee fuudhe ishee waliin qunnamtii saalaa raawwate, sababa qunnamtii raawwateef mahrii guutuun isheef dirqama taha. Eegasii waliyyoonni waa'ee hidhaa nikaaha irratti yoo wal falman -sadarkaan isaanii isa keessatti wal qixa ta'uu waliin- isaan keessaa kan dursuutu nikaaha hidhuu danda'anda'a, waan isheef gaarii kan ilaale yoo ta'eedha, yoo waliyyiin nikaaha hidhuu dide akka waliyyii hin qabnetti lakaa'amti, yeroo sana waliyyii isheen Hogganaadha ykn abbaa murtii isaati, ykn fakkaatota isaaniti, akkas ta'uu dhabnaan waliyyiin osoo jiruu hogganaan waliyyii isheef ta'uu hin danda'u.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee